**Dambii Lakk. 178/2008**

## Dambii Ejensii Dhimma Hawaasa Misoomaaf Kaafamuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe

Hawaasni baadiyyaa fi magaalaa qabiyyee lafa isaa irraa sababa misoomaatiif kaafamuu jireenya amansiisaa fi itti fufiinsa qabu akka qabaatu taasisuun guddina naannichaa keessatti dhufu irraa fayyadamaa taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Hawaasni qabiyyee lafa isaa irraa sababa misoomaatiif kaafamu beenyaa kaffalamuuf hojii misoomaa bu'a qabeessaa fi faayidaa ol'aanaa argamsiisuuf irra oolchuun guddina diinagdee naannichaa keessatti gahee isaa akka gumaachu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Qaama hawaasa sababa misoomaatiif qabiyyee lafaa isaa irraa kaafamu deebisee dhaabuun hojiiwwan misoomaa naannawa isaatti gaggeeffaman keessatti hirmaataa fi fayyadamaa akka ta'u hojjatu hundeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lakk.163/2003 keewwata 65 (1) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

### Kutaa Tokko
### Tumaalee Waliigalaa

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Dambiin kun **"Dambii Ejensii Dhimma Hawaasa Misoomaaf Kaafamuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 178/ 2008"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

1) **"Naannoo" jechuun** Naannoo Oromiyaati.
2) **"Hawaasa Misoomaaf Kaafamu"** jechuun baadiyyaattis ta'ee magaalaatti hawaasa sababa misoomaatiin qabiyyee lafaa isaa irraa akkaataa seeraatiin kaafamu jechuudha.
3) **"Hojiiwwan Misoomaa"** jechuun pirojektoota investimantii seektara dhuunfaa, babal'inaa fi haaroomsa magaalaa, pirojektoota jaarmiyaalee ummataa fi miti mootummaa, pirojektoota mootummaa Naannichaa fi mootummmaa Fedaraalaatiin hojjataman ta'ee, pirojeektoota biroo hayyama mootummaatiin hojjataman ni dabalata.

4) **“Qaama Dhimmi Ilaalu”** jechuun manneen hojii mootummaa naannichaa sadarka sadarkaan jiranii fi kan hojiin isaanii kallattiin hawaasa sababa hojiiwwan misoomaatiif qabiyyee lafaa isaa irraa kaafamu deebisanii dhaabuu wajjiin walqunnamtii qabu raawwatan jechuudha.
5) **“Mana Maree”** jechuun Mana Maree Ejensii Dhimma Hawaasa Misoomaaf Kaafamuu Motummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
6) **“Ejensii”** jechuun Ejensii Dhimma Hawaasa Misoomaaf Kaafamuu Motummaa Naannoo Oromiyaa Dambii kanaan hundeeffame jechuudha.
7) **“Nama”** jechuun nama uumamaa yookiin nama seeraan qaamni seerummaa kennameef jechuudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornaya dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

## Kutaa Lama
## Hundeeffama, Kaayyoo, Aangoo fi Hojii Ejensichaa

**4. Hundeeffama fi Itti Waamama**

1) Ejensiin Dhimma Hawaasa Misoomaaf Kaafamuu Motummaa Naannoo Oromiyaa kanaan booda **“Ejensii”** jedhamee kan waamamu mana hojii mootummaa of danda’e ta’ee Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamamni Ejensichaa Pirezidaantii Naannichaatiif ta’a.

**5. Kaayyoo Ejensichaa**

Ejensichi Kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) Hawaasni Misoomaaf kaafamu jireenya hawaas-diinagdee bu’a qabeessa, amansiisaa fi itti fufiinsa qabu akka qabaatu deeggaruun humnaa fi qabeenya isaa qindeessuun abbaa qabeenyaa ta’ee guddina Naannichaa keessatti gahee isaa akka gumaachu taasisuu;
2) Hawaasni misoomaaf kaafamu misooma gaggeeffamu keessatti hirmaataa fi dorgomaa ta’uu fi irraayis fayyadamaa taasisuu; fi
3) Hawaasni naannichaa misooma naannawa isaatti dhufu amantaan akka simatuu fi akka deeggaru taasisuun hawwatummaa investimantii naannichaa cimsuu;

## 6. Teessoo Waajjira Ol'aanaa

Teessoon Waajjira Ol'aanaa Ejensichaa Magaalaa Finfinnee ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti damee banachuu ni danda'a.

## 7. Aangoo fi Hojii Ejensichaa

1) Yaada imaammataa, tarsiimoo fi seerota deebisanii dhaabuu ilaallatan ni maddisiisa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
2) Hawaasni qabiyyee lafaa fi qabeenya isaa irraa kanaan dura kaafames jireenya bu'a qabeessa, amansiisaa fi itti fufiinsa qabu akka qabaatu deeggarsa hawaasummaa fi diinagdee ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
3) Ragaa lafa misoomaaf hawaasni irraa kaafamuu fi karoora ittisaa dhiibbaa hawaassa qaama dhimmi ilaaluun akka dhiyaatuuf ni taasisa;
4) Ragaan qabiyyee hawaasni irraa kaafamu karaa guutuu ta'een qaama dhimmii ilaaluun qabamuu isaa ni hordofa; ni mirkaneessa;
5) Hawaasa misoomaaf kaafamu mariisisuun, jijjiirama bu'uura jireenyaa uumamuuf akka of-qopheessu ni taasisa; deeggarsa fedhii sochii diinagdee fi hawaasummaa isaanii irratti hundaa'e akka argatan ni hojjata;
6) Haqa-qabeessummaa tilmaama beenyaa qabiyyee dhuunfaa fi waliinii ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
7) Hawaasni misoomaaf kaafamu nannawwa jireenyaaf mijaa'aa ta'etti mana jireenyaa yookiin lafa mana jireenyaa irratti ijaarratuu fi akka argatu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata;
8) Tajaajila bu'uuraalee misoomaa fi hawaasummaa kan akka afaan, aadaa fi seenaa isaa kunuunsuuf gargaaran akka argatan qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata; ni qindeessa; ni hordofa; tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
9) Hawaasni misoomaaf kaafamu carraa hojii fi gabaa misooma naannawa isaatti gaggeeffamuun uumamu irraa fayyadamaa akka ta'u qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata;
10) Maatiin hawaasa misoomaaf kaafamuu hojii mataa isaanii akka uummatan deeggarsa iddoo oomishaa fi gurgurtaa, leenjii, tajaajila ekisteenshinii, dhiyeessii calla-guddistuu, dhiyeessii faayinaansii fi walitti hidhamiinsa gabaa dursa akka argatu qaama dhimmi ilaaluun waliin ni hojjata; ni qindeessa; raawwii isaa ni hordofa; tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;

11) Lafti magaalaa hojii qonna magaalaatiif oolu hawaasa qonnaan bulaa misoomaaf kaafamuuf dursaan akka kennamuuf qaama dhimmii ilaalu waliin ni hojjata;

12) Hawaasni misoomaaf kaafamu qabeenya qaban walitti fiduun yookiin dhuunfaan hojii investimantii irratti akka bobba'an deeggarsa teeknikaa fi ogummaa ni kenna; akka kennamu ni taasisa;

13) Carraa hojii pirojektoota misoomaan uumamu keessatti hawaasni naannichaa dursa argachuu isaa ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

14) Fandii deebisanii dhaabuu ni hundeessa; ni bulcha; hojiirra ni oolcha;

15) Maddoota galii adda addaa fandii deebisanii dhaabuu qoratee Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha; maddoota birootiin fandichi akka gabbatu ni hojjata;

16) Miidhaa sababa pirojektoota misoomaatiin dhaqqabu xiqqeessuuf akkaataa barbaachisummaa isaatti deeggarsa maallaqaa fi meeshaalee ni kenna; akka kennamu ni taasisa;

17) Pirojektoota carraa hojii fi gabaa hawaasa misoomaaf kaafamuuf uumuu danda'an qoratee hojiirra ni oolcha; qaama dhimmii ilaaluun hojiirra akka oolu ni taasisa;

18) Haala jiruu fi jireenya hawaasichaa ni hordofa; bu'uura diinagdee fi jireenya hawaasummaa guddina haawwasni naannawwa isaa irra dhaqqabeen walsimu irra gahuu isaa yammuu mirkaneeffatu ni eebbisiisa;

19) Kallattiiwwan hawaasa misoomaaf kaafamuu irratti qorannoo ni gaggeessa;

20) Maqaa isaatiin qabeenya ni horata; ni himata; ni himatama.

## Kutaa Sadii
## Qaamolee Bulchiinsaa Ejensichaa

### 8. Gurmaa'insa

Ejensichi gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:

1) Mana Maree;
2) Daarektara Ol'aanaa fi Itti Aanaa Daarektara Ol'aanaa; fi
3) Hojjettoota barbaachisaa ta'an.

### 9. Hundeeffamaa fi Itti Waamama Mana Maree

1) Manni Maree Ejensichaa kanaan booda **"Mana Maree"** jedhamee kan waamamu sadarkaa Naannootti Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti Waamamni Mana Marichaa Pirezidaantii Naannichaatiif ta'a.

**10. Miseensota Mana Maree**

1) Itti aanaa Pirezidaantii Naannichaa ------------------------------------- Walitti Qabaa
2) Hoogganaa Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa --------------------------- Miseensa
3) Hoogganaa Biiroo Qonnaa ---------------------------------------------------- Miseensa
4) Hoogganaa Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee ------------------------ Miseensa
5) Hoogganaa Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenyaa --------------------------------- Miseensa
6) Hoogganaa Biroo Haqaa ---------------------------------------------------- Miseensa
7) Hoogganaa Biiroo Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo --------------------- Miseensa
8) Hoogganaa Biiroo Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa ---------------------- Miseensa
9) Hoogganaa Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii -------------------- Miseensa
10) Komishinara Komishinii Barnootaa, Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa --------- Miseensa
11) Komishinara Komishinii Investimantii -------------------------------------- Miseensa
12) Hoogganaa Ejensii Misooma Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa --------- Miseensa
13) Hoji gaggeessaa Ejensii Misoomaa fi Manajimantii Lafa magaalaa ----------- Miseensa
14) Hoji gaggeessaa Waldaa Liqii fi Qusannaa Oromiyaa ---------------------- Miseensa
15) Hoji gaggeessaa Ol'aanaa Waldaa Misooma Oromiyaa --------------------- Miseensa
16) Daarektara Ol'aanaa Ejensichaa sagalee malee ---------------------------- Barreessaa.

**11. Aangoo fi Hojii Mana Marichaa**

Manni Marichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiiwwan deebisanii dhaabuu hawaasa misoomaaf kaafamuu ilaalchisee hooggansa tarsimaa'aa ni kenna; raawwii isaa ni hordofa; ni too'ata;
2) Karooraa fi raawwii hojii Ejensichaa ni gamaaggama; kallattii ni kenna; raawwii isaa ni hordofa;
3) Hojiiwwan misoomaa hawaasa misoomaaf kaafamuu bu'uura Dambii kanaatiin hojiirra ooluu isaa ni qorata; rakkoolee raawwii irratti qunnamaniif kallattii ni kaa'a;
4) Hojiirra oolmaa fandii deebisanii dhaabuu dhiyeenyaan ni hordofa; ni gamaaggama; kallattii itti deeggaramu ni kaa'a; deeggarsa barbaachisaa ni kenna; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
5) Kallattii fandiin deebisanii dhaabuu itti gabbatu ni kaa'a; raawwii isaa ni hordofa.

**12. Sirna Walgahii Mana Mariichaa**

1) Manni Marichaa walgahii idilee waggaatti si'a afur kan qabaatu ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa gaggeessuu ni danda'a;
2) Miseensota Mana Marichaa keessaa walakkaa ol yoo argaman walgahiin guutuu ta'a;

3) Murtiin Mana Marichaa sagalee caalmaan kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarame murtii Mana Marichaa ta'a;
4) Ajandaan walgahii Mana Marichaa guyyaa walgahiin itti gaggeeffamu guyyaa shan dursee miseensota Mana Marichaa dhaqqabuu qaba;
5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Manni Marichaa hojimaata mataa isaa baafachuu ni danda'a.

## 13. Muudamaa fi Itti Waamama Daarektara Ol'aanaa fi Itti Aanaa Daarektara Ol'aanaa

1) Daarektarri ol'aanaa fi itti Aanaa Daarektara ol'aanaan Ejensichaa Pirezidaantii Naannichaatiin dhiyaatanii Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin kan muudaman ta'u.
2) Itti Waamamni Daarektara Ol'aanaa Pirezidaantii Naannichaatiif, itti Aanaa Daarektara Ol'aanaa, Daarektara Ol'aanaa Ejensichaatiif ta'a.

## 14. Aangoo fi Gahee Hojii Daarektara Ol'aanaa Ejensichaa

1) Aangoo fi hojii Ejensichaaf kenname hojiirra ni oolcha;
2) Ejensicha ni hooggana; ni bulcha;
3) Murteewwanii fi kallattiiwwan Mana Marichaa ni raawwata; ni raawwachiisa;
4) Karoora hojii fi baajataa qopheessee mootuummaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
5) Akkaataa seera faayinaansiitiin herrega baankii ni bana; ni sochoosa;
6) Gabaasa raawwii hojii fi baajataa Mana Maree fi qaama dhimmi ilaallatuuf ni dhiyeessa;
7) Seera Bulchiinsa Hojjattootaa Mootummaa irratti hundaa'uun hojjattoota ni qacara; ni bulcha; hojiirraa ni gaggeessa;
8) Walitti dhufeenya Ejensichi qaama sadaffaa waliin qabu irratti Ejensicha bakka ni bu'a; waliigaltee ni mallatteessa;
9) Hojii Ejensichaa saffisisuuf jecha aangoo fi gahee hojii isaa irraa qoodee itti gaafatamtoota yookiin hojjattoota isa jala jiraniif bakka bu'uummaa kennuu ni danda'a.

## 15. Aangoo fi Gahee Hojii Itti Aanaa Daareektara Ol'aanaa

1) Daareektarri ol'aanaan bakka hin jirreetti bakka bu'ee ni hojjata,
2) Hojii biroo Daareektara ol'aanaan kennamuuf ni raawwata.

## Kutaa Afur

## Tumaalee Adda addaa

**16. Madda Galii**

Maddi galii Ejensichaa kanneen armaan gadii irraa ta'a:

1) Baajata mootummaan ramadamu;
2) Deeggarsaa fi kennaa adda addaa irraa.

**17. Galmee Herregaa**

1) Ejensichi galmee herregaa guutuu fi sirrii ta'e ni qabaata;
2) Galmeen herregaa fi harshammeewwan faayinaansii Ejensichaa yeroo yeroon Mana Hojii Odiitara Muummichaatiin yookiin qaama aangoo qabuun ni qoratama.

**18. Dirqama Deeggarsa kennuu**

Namni kamiyyuu hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif deeggarsa irraa barbaadamu kennuuf dirqama qaba.

**19. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, qajeelfanii fi hojimaatni Dambii kanaan walfaallessan kamiiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**20. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Ejensichi Dambii kana raawwachiisuuf qajeelfama baasuu ni danda'a.

**21. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu.**

Dambiin kun **Guraandhala 18 /bara 2008** irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Muktaar Kadiir

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Finfinnee

**Guraandhala 18/ bara 2008**